# Walaloo gabaabduu Aadde Xajjituuf

Harmee keenya Xajjee yaa jabduu akka sibiilaa
Dullumaaf harka kennuu atuu eesaa beektaa?
Jaa namaaf dhiphatuu
Waakkachuu hin beektuu
Baate gola keessa
Afaan nama keessa
Kan kee dhumaa hin qabu kam himnee kam dhiisnaa?

Aara galfi dhabde olii gadi kaachaa
Kaan garaa keewwattee kaan dugdatti baachaa
Jaa hundaa jaalla‘ttuu kan ofiif hinjenne
Hingeenye yeroon, jabaadhu yaa harmee
Hin dadhabdu turte dandeessuu bu‘aa bahii
Namootiin si beekan siif bahaa jiru waabbii!

Dubarttin gaaf deessuu du‘uma itti fakkaataa
Lubbuun shii akka calii olii gadi kaata
Horttee nu´argattee
Dabareen nubaattee
Jabduu koo Xajjee miixattee nudeessee
Nu guddiftee, amma ammaan nugeessee

Dinqisiiftu haadhaa, ishee lubbuu dheeraa
Seenan ati hiimtu waan baayy´eetuu jira
Kan ilmmo namaarrati hammenya hojjatee
Isa hiyyeessa saamee garaasaa guuttatee
Kana beekee waaqqayyoon lubbuu ke dheeressee
Ragaa akka baatuuf dudduubaisaa teessee
Harmee sammuu guddaa yaaddattuu waan hundaa
Tokko tokkoon nutti himii, waan argite hundaa

Xaliaani sollaattoon biyya bitu dhufe
Falmii waggoota shanii, jiraate argite
Erga ati jiraatte waggoota dhibba tokko
Imimmaan Oromo hinqoorre gaaf tokko
Yo sigaafatan maal beekta jedhani
Barreechii itti himi, tokkoolee hin ambbisini
Akkuma umurrii kee, dheeraa dha seenaan kee
Oli gadi fiigdee galaa qopheesiitee
Dargaggoota meeqa dhoksaan kan nyaachiftee
Ijoolleen Oromo garaa kutattanii
Waggoota shan guutuu Xalianii reebanii.
Eeenyutu jira akka ke kan seenaa yaadatu
Ni himta hundasaa, tasaa hin dagattu
Qorattu ayaana qindeesitu Atteetee
Galgala dhiichiftee dibbee ruruukutee

Ya farsso buqurii, qoriif buna qalaa
Mi´awaa, urga´aa, akkam namatii tola
Yaa harme yaa deessee tattaafattuu namaa
Ijoollee kee hundaaf garaa keetuu raafamaa
Oli gadi kaattee jettee nuguddisuuf
Kafana bareedaaf kophee nutii uwiisuuf
Mana nyaataa bantee dhugaatiis gurgurtee
Hedduu wareegamtee dirqama kee baatee

Jilbeeffatee midhaan daaktee
Utuu ofii beeloftuu nuu laatee, nugguudiftee
Jabaanee akka barranu nu gorsitee
Mana barumssatii nu´ergitee
Kanaaf galata guddaa qabda Xajjee

Hawwii kee siif guunnee gorsa kees dhageenyee
Galata Waaqayyoo qaqqabnne siif geenyee
Dhaamsi kee lafa hinbu'uu, kennaan muuxannoo kee
Tole ni dhugoomsiina nutti ijooleen kee

Guddadhu ball'dhadhu magaalaa Arramfamaa
Kan harmee keenyaf goote, ni irraanfatamaa?
Waa'ee kee dubbatti bakkuma deemttetii
Harmeen keenya Xajjeen hedduu sijaallatii

Yaa jireenya gaarii yaa biyyoo Xaa´omaa
Weeddiisa simbirro dididcha akka hoomaa
Achi deemttu marggee, kan beelladan guutamee
Biyya aara-galfii Xajjee keenyatu argee
Bitaaf mirgi kee, lageewwan Gannaaleef Deeyyee
Bakka nutii ijooleen kee, bishaan daakuu itti barree
Cirracha irra ciisaa aduu qaqaamachaa
Qurxummii Gannaalee akka gaariiti nyaachaa

Wiirtuun Arramfamaa Odaa guddaa qaba
Dur dur akka mana barumsaatti, hawaasa fayyada
Iddoo Gabaas ta'ee saba tajaajila
Xabni kubbaa miillaas achummatti gaggeeffamaa
Amma garuu jigee, kufee lafa gahee
Akkuma harmee keenya dullumattu qabee

Xajjee, Adoolas jiratte, jette biyya warqee
Jiruun kee calqabaa ulfaataa, karaa irra kan maqee
Nu guddachuuu hinhafnne akkuma ta`eetii
Yaa dandeessuu rakkoo yaa cimttuu dubarrtii
Dirqama kee baate, xajjee yaa jabeetii
Dubbachuu Afaan Ormaa yoo akkam beektellee
Kan Oromo malee, kamuu sitii hintolle
Galata qabda Xajjee, beekumsa kee dhaalee
Itti fayyadamna Afaan keenyaa, kan atii nu barrsiiftee

Sin jaallana, harmee keenya,
Obsiituu dalansuu keenyaa,
Xabattu haadha qoosaa, hedduu si jaalanaa
Dagachiiftuu gaddaa, jabeesitu aadaa
Gurmeesitu ollaa, eenyutu si wa`llaalaa?

Dhoksitu icitii keenyaa,
Hasaastuu gurra keenyaa,
Sin jaalana harmee keenya

Si galateeffanna harmee, gocha kee kanaafi
Nu wajjin jiraatee waan nuu goote hundaafi
Kabaja siif qabna, nuu jiraadhu yaa harmme
Fedhii kees ni guutna nutti ijoolen kee

Barreessan ilma Xajjee, Dr. Tarrafaa G/Tsadiq